

## Tajaajiloota Kennaman Yeroo Fudhattanitti, Mirgootaa fi Dirqamoota isin qabdan Bulchiinsa Jaarroomaa fi Eeggumsa Yeroo Dheeraa fi Bulchiinsa Miidhama Guddinaa

Your Rights and Responsibilities When You Receive Services Offered by Aging and Long-Term Support Administration and Developmental Disabilities Administration

MAQAA MAAMILAA
LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA ACES

### Tajaajilootni ni Jiru

Tajaajiloota isin fudhachuudhaaf ulaagaa guuttan keessaa filachuudhaf mirga ni qabdu. Tajaajilootni fedhiidhaani. Tajaajilootni Bulchiinsa Jaarroomaa fi Eeggumsa Yeroo Dheeraa (AL TSA) fi Bulchiinsa Miidhama Guddinaa (DDA) dhaan kennaman fedhiwwan keessan hunda irratti isin gargaaruu dhabuu malu.

ALTSE fi DDA'n, tajaajiloota kan kennan:

- Mana Maatii Ga'eessaa, Bakka Jireenyaa Gargaarsaa, Bakka Tajaajila Fooyya'aa, Bakka Narsii, Mana Eegduu, Mana Guddisa Daa'immanii, Mana Jireenyaa Hojjataa Seera-qabeessa Daa'ima, Manneen Garee DDA, Manneen Leenjii Garee, ICF/IDs; YKN
- Mana nama dhuunfaatti ni kennamu. **Yaadannoo:** AL TSA fi DDA'n tajaajiloota itti kaffalaman kan sa'aatiwwan 24/guyattii mana nama dhuunfaatti hin kennan. Eeggumsa sa'aatii 24 barbaachisa taanan, filannoon tajaajilaa biraa yaadamuu mala.

Hogganaan Dhimmaa AAA, Hogganaan Dhimmaa Qabeenyaa DDA, Ogeessi Tajaajila Hawaasaa HCS keessan sanada kana keessatti **hojjataa dhimmaa** jedhamu.

### Mirgoota Keessan

Mirgootni keessan:

- Birmadoo, kabajaa fi alabaasii malee ilaalamuu;
- Akkaataa seerota DHS fi daangaawwan seeraatti, odeeffannoowwan keessan iccitaa'oo akka ta'an taasisuu;
- Jeeqamuu, dagatamuu, dinagdeen qisaasamuu, fi hadiyyoomuu hin qabu. Ibsa jechoota kanaatiif, ilaalaa <https://www.dshs.wa.gov/altsa/home-and-community-services/types-and-signs-abuse> Isin ykn namni isin beektan tokko, ni miidhama, dagatama ykn qisaasama taanan, maaloo waa'ee isaa hojjataa wajjiin haasa'uudhaaf, DSHS dhaaf tolanaa karaa 1-866-(End Harm) / 1-866-363-4276 bilbilaa;
- Qabeenyi keessan akka kabajaan ilaalamu ta'uu'
- Waa'ee tajaajiloota isin fudhattan hundaa isiniif ibsamuu fi tajaajiloota isin barbaaddanii fi hin barbaanne irratti filannoo taasisu;
- Eeggumsa keessan karoorsuu irratti hojjataa dhimmaa keessan wajjiin hojjachuu;
- Gaaffii akka deebistaniif ykn wanta hin barbaadne akka hojjataniif dirqisiifamuu dhabuu;
- Barreeffamaan murtii ejansii beeksifamuu fi guduunfaa garagalcha karoora eeggumsaa fi karoora gargaarsaa kennamuufi;
- Isinii fi hojjataan dhimmaa keessan walii hin galтан taanan, hogganaa wajjiin dubbachuu;
- Komee taasastanis yoo ta'e, caqasa bulchiinsaa argachuudhaaf gaafachuu;

- Caqasa bulchiinsaa gaafattaniirtuus yoo ta'e, sodaa miidhamaa malee komee taasisuu;
- Karaa kanaan bilbiluun gorsaa dubbisaa 1-888-201-1014;
- Tajaajila hundaa diduu;
- Afaan Ingiliffaa hin dubbattan ykn sirritti hin hubattan yoo ta'e, tajaajila hiikkaa afaanii kaffaltiin ilaa argachuu.
- Dhiyeessaa sirrii filachuu, dhiisuu, jijjiirrachuu; ykn
- Dhiyeessaa dhuunfaa isin filattaniif, bu'aa odeeffannoo dhuunfaa argachuu.

### Dirqamoota Keessan

Dirqamni keessan:

- Xiqqaatu waggatti, bakka isiniif mijatutti hojjataan dhimmaa keessan hordoffii keessan akka guutu taasisuu;
- Xiqqaatu waggatti, hojjataan dhimmaa keessan bakka jireenyaa keessan akka ilaalu taasisuu;
- Akka hordoffii keessan guutnuf odeeffannoo gahaa nuuf kennuu;
- Namni biraa murtii fayyaa ykn dinagdee isiniif kenna taanan; hojjataa dhimmaa keessanitti himu;
- Karoora eeggumsaa ykn gargaarsaa keessan gabbisuu irratti hirmaachu; akkasumas mallatteessu;
- Hojjataan tajaajiloota fi sa'aatiwwan hin hayyamameef akka hin kaffalchiifamne hubachuu;
- Eeggumsa fayyaa keessan filachuu;
- Dhiyeessaa sirrii filachuu;
- Bakka hojii nagaa qabu kennuu;
- Dhiyeessaadhaf mirkaneessa duubbee dhuunfaa kennuu;
- Dhiyeessaa keessan wajjiin rakkina qabaattu taanan ykn sa'aatiwwan dhiyeessaa keessaniin isiniif kenname argachaa hin jirtan taanan; hojjataa dhimmaa keessanitti himu;
- Eeggumsa keessaniif ni kaffaltu taanan, dhiyeessaa keessaniif ji'aan kaffaluu;
- Haala nama miidhuun socho'uu dhabuu; fi
- Jijjiiramootni karaa kanaan jiru taanan, hojjataa dhimmaa keessanitti himaa:
  - ✓ Haala fayyaa keessanii;
  - ✓ Gargaarsa maatii ykn ejansiwwan biraa irraa argattan;
  - ✓ Bakka isin jiraattan; ykn
  - ✓ Haala dinagdee keessanii.



## Dirqamoota Hojjataa Dhimmaa

Hojjataan dhimmaa keessan dirqamootni isaan qaban:

- Kabajaa fi birmadoon isin keessummeessuu;
- Iccitii keessan eeguu;
- Waan ALTSA ykn DDA'n isiniif gochuu danda'u fi hin dandeenye isiniif himu;
- Odeeffannoo isin ykn kanneen biroo irraa funaanee hordoffii taasisuun sadarkaa gargaarsaa keessanii fi tajaajiloota isin keessaa filachuu dandeessan murteessuu.
  - ✓ Hordoffiin ciminawwan, hanqinawwan, galmoota, fi filannoowwan hummata.
  - ✓ Hordoffiin tajaajiloota isin kana dura argachaa turtan ykn kan isin maatii keessan akkasumas ejansiwwan biraa irraa argattan fi akkamiin tajaajilootni akka ta'an akka isin barbaaddan ni hammata;
- Karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa kan eeggumsa dhuunfaa galmawwan dhuunfaa, fedhiwwanii fi filannoowwan keessan hammatan dagaagsuu irratti isin gargaaru;
- Waggaa wagaadhaan ykn yeroo haalli keessan jijjiiramu isin ykn kanneen biroo irraa odeeffannoo sassaabudhaan karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa haaromsuu;
- Odeeffannoo barbaaddan akka dhiyeessitaniif yeroo gahaa isiniif kennuu;
- Akkuma ka'uumsa isaanitti rakkoowwan karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa furuu;
- Mirgoota keessan kabajuu fi rakkoowwan sammuu. Niwrooljikaalaa, miiraa, qaamaa qabdu taanan tajaajiloota argachuu irratti gargaarsa guddaa taasisuu; fi
- Isin argachuu hin dandeessan taanan, dhiyeessaa sirrii akka argattan irratti isin gargaaru

## Ajajawwan Dursa

Ajajawwan dursaa taasisuudhaaf mirga ni qabdu. Ajajawwan dursaa fedhii jiraachuu ykn mirga fedhii eeggumsa fayyaa keessanii irratti murteessuu hammachuu mala. Ajajawwan dursaa yeroo murteewwan keessan taasisuudhaaf dandeettii sammuu hin qabdan ta'e, fedhiwwan waa'ee eeggumsa fayyaa fi/ykn sammuu, mirga yaala fayyaa, fayyaa sammuu, yaala baqaqsuu fudhachuu ykn diduu ibsa. Ajajawwan dursaa keessan yeroo barbaaddanitti kaasuu ni dandeessu.

Beeksisa maamilootaa fi hojjattoota (Matee VI fi VII) Washington State Department of Social and Health Services hojjachiisaa carraa wal qixaa kan bakka hojjachiisummaatti, sagantaalee fi tajaajiloota isaa umrii, saala, koorniyaa, eenyummaa/of-ibsa koorniyaa, haala fuudhaaf heerumaa, sanyummaa, bifa, biyya, amantii ykn safuu, siyaasa, haala loltummaa, buleeyyummaa kabajaa, Bara Vietnam, haala kabajaa dhiyeenyatti gargar bahan ykn eeggaman kan biraa, safeeffannaa amma jiru kamiiniyyuu, miidhamummaa sammuu, qaamaa, nama qaama miidhamummaa qabuuf saree ykn bneelda leenji'e fayyadamuu, kaffaltii wal qixaa, ykn odeeffannoo jenetikii irratti hundaa'uun alabaasummaa kan hin taasisneedha.

## Tajaajila Galmee Filataa

Keewwatni Galmee Filataa Biyyaaleessaa kan 1993 isteetotni hunduu gargaarsa galmeessa filataa karaa waaajjiraalee gargaarsa hawaasaa akka dhiyeessan ni ajaja. Galmaa'udhaaf iyyachuun ykn filannoodhaaf galmaa'uu diduun hammaa fi tajaajiloota faayidawwan isin fudhattanii kan ejansii kanaan kennamanii irratti dhiibbaa hin qaban. Uunka galmeessa filataa guutuu irratti gargaarsa barbaaddu taanan, nuti isin gargaarra. Murtiin keessan kan galmaa'uu ykn galmaa'uu dhiisuu iccitiidhaan qabama fi dhimma galmeessa filataa qofaaf fayyadamama. Namni ta'e murtii keessan kan mirga filannoodhaaf galmaa'uu ykn galmaa'uu dhiisuu irratti, mirga geessan kan feetan filannoodhaaf galmaa'uu ykn dhiisuutiif iyyachuu, ykn mirga dhaaba siyaasaa ykn filannoo siyaasaa keessan irratti dhiibbaa isin irratti uuma taanan, komii karaa kanaa gadii galfachuu dandeessu:

Washington State Elections Office  
PO Box 40229  
Olympia WA 98504-0229  
1-800-448-4881

## Mallattoo keessan

Mirgootaa fi dirqamoota keessan kan hubattan yoo ta'ee fi dirqamoota hojjataa dhimma keessanii kan hubattan yoo ta'e, sarara armaan gadii irratti mallatteessa.

---

MALLATTOO MAAMILAA

---

GUY YAA

---

MALLATTOO BAKKA BU'AA SEERA QABEESSA

---

GUY YAA

**Tajaajiloota Kennaman Yeroo Fudhattanitti, Mirgootaa fi Dirqamoota isin qabdan  
Bulchiinsa Jaarroomaa fi Eeggumsa Yeroo Dheeraa fi Bulchiinsa Miidhama Guddinaa**

AJAJAWWAN

1. Yeroo hordoffii EEGUMS ykn karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa guuttanitti uunka kana dhiyeessaaf. Maamilli tajaajiloota fudhachaa kan jiru yoo ta'e fi uunka kana dura hin mallatteessine yoo ta'e, hordoffii isa itti aanu irratti uunka maamilaaf ibsaa. Gaaffiiwwan waa'ee mirgootaa fi dirqamoota maamilaatiif uunka maamila wajjiin keessa deebi'aa ilaalaa.
2. Maamilli ykn bakka bu'aan maamilaa eroo tajaajila Bulchiinsa Jaarroomaa fi Eeggumsa Yeroo Dheeraa fi Bulchiinsa Miidhama Guddinaa dhaan kennaman fudhatanitti, garagalcha lama kan mirgaa fi dirqama isaanii hubachuu isaanii mul'isu mallatteessuu qabu.
3. Garagalcha tokko waraqaadhaan ykn Mala Bulchiinsa Sanadaa (Document Management System, DMS) irratti galcha fi garagalcha tokko maamilaaf kenna.